OMICROON: WAAN NUTI BEEKNU

Vaariyaantiin Omicroon maalii dha?

Akkuma Covid-19 Vaayiresoonni sababa ta'an yeroo hundumaa ni jijjiiramu. Jijjiiramni guddaan vaayirasii kanaa vaariyaantii jedhama. Vaariyaantiin tokko tokko caalaa balaa'amaa fi/yokiin salphaatti daddarbuu danda'u. Omiicrooniin vaayiraantii salphaatti daddarbuu dha.

Ofii keessanii fi maatii keessan akkamitti eeguu dandeessu?



Ofii keessan, maatii keessanii fi hawaasa COVID-19 irraa ittisuuf karaan filatamaan aguugii fuullaa uffachuu fi miseensa maatii keessanii kan wagga 5 ol ta'an hamma danda'ametti guutummaa guutuutti talaallii akka fudhatan gochuu. Namoonni talaallii hin fudhatin, vaariyaantiidhaan faalamuu, haalaa hamaa ta'een dhukkubsachuu fi nama biraatti daddabarsuuf carraan isaan qaban guddaadha.

Wa'ee Buusterii hoo?

Talaalliiwwaan tokko tokko nama tokkoof dandeettiin ittisuu isaanii yeroodhaa yerootti gadi bu'aa dhufuu isaa saayintistoonni irra ga'anii jiru, kanaaf talaalliin Buuster ittisee tursuudhaaf gargaara. Dabalataanis buusteriin COVID-19 vaariyaantota haaraa isin irraa ittisuun gargaaruu danda'a. Kan kanaa gadii yoota'e Buusterii argachu qabdu:

- Hammamtaa talaallii lamaa kan lammaffaa erga fudhattanii ji'ottan Shan (5) oli (Modernaa fi Faayizer)
- Hammamtaa talaallii tokkoo kan tokkooffaa erga fudhattanii ji'ottan lama (2) booda (Johnson fi Johnson)
- Biyya biraatti talaallii yeroo dhumaaf erga fudhattanii ji'oottan Shan oli (5)

Dabalataan nageenya ofii keessanii fi namoota biroo akkaataa ittiin eegdan:

Haguuggii fuullaa uffachuu

Walirraa fageenya hawaasummaa amaleefachuu

Walitti qabama namoota heedduu waliin taasisuu dhiisuu

Yeroo yeroon harka dhiqachuu

Yeroo dhukkubsatan mana keessa turuu

Mallattoo COVID-19 yoo qabaattan ariitiidhaan qoratamuu

NRC-RIM
National Resource Center for Refugees, Immigrants, and Migrants

INTERNATIONAL RESCUE COMMITTEE